

**Gorsaafi Qindeessaa**

Alamuu Hayiluu

**To'ataa Qulqullinaa**

Muhaammad Namoo

**Qopheessitoota:**

Abdulqaadir Amaan

Baqqalaa Qana'aa

Galmaa Waaqoo

Sintaayyoo Tolaa

**Seecca'oota:**

Fiqaaduu Qana'aa

Muhaammad Abdo

**Giraafiksii:**

Dhaqqaboo Guyyee

Solomoon Alamaayyoo

Taaddasaa Dinquu

## Baafata

## Qaabiyyee

## Fuula

Boqonnaa 1: Ce'umsa Doorii Gara Gadaa.....	3
Boqonnaa 2: Buttaa Qaluu.....	5
Boqonnaa 3: Faajjii Gadaa.....	7
Boqonnaa 4: Abbaa Gadaa.....	9
Boqonnaa 5: Gaheefi Itti-gaafatamummaa Abbaa Gadaa.....	11
Boqonnaa 6: Gumaata Gadaa.....	14
Boqonnaa 7: Gahee Dubartootaa.....	16
Boqonnaa 8: Federeeshinii Bulchiinsa Gadaa I.....	19
Boqonnaa 9: Federeeshinii Bulchiinsa Gadaa II.....	21
Boqonnaa 10: Yaa'a Gadaa.....	24
Boqonnaa 11: Ardaalee Jilaa.....	27
Boqonnaa 12: Gadaafi Daa'imman.....	29
<u>Silabasi</u> .....	1

## Boqonnaa 1: Ce'umsa Doorii Gara Gadaa

### Wayitii 9

#### Kaayyoo

Dhuma boqonnaa kanaatti barataa/tuun:

- ☞ *Gochaalee qophiifi adeemsa baallii fuudhuufi kennuu keessatti raawwataman adda nibaafata/ti.*

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba irratti, gochaalee qophiifi adeemsa baallii fuudhuufi kennuu keessatti raawwataman maal maal akka ta'an fakkeenya adda addaa fudhachuun ibsi. Itti aansuun, gochaalee ce'umsa kana keessatti walduraa duubaan raawwataman kanneen akka Jila Buttaa, jila Hulluuqqoo Fuloo Hooliyyeefi Jilli Baallii maal akka ta'an ifa taasisi. Sana booda, barattoonni ibsa kenname irratti hundaa'uun waan hubatan akka walitti himan godhi. Haala kanaan, gochaalee qophii baallii fuudhuufi ce'umsa Doorii gara Gadaatti taasifamu hubachuu isaanii adda baafachuun duub-deebii kenni.

Dabalataan, qophii kana fakkaatan kan beekan yookiin maatii gaafachuun dareetti akka walitti himan taasisi. Dhuma irratti, gilgaala xumura boqonnaa irratti kenname dhuunfaan akka hojjechatan gochuufi battallee kennuun hubachuu isaanii mirkaneeffachuun duub-deebii kenni.

### Deebii Gaaffilee Hubannoo 1

Jilli Buttaa gochaalee akka Korma Buttaa hidhuu, Buttee dhaabuu, Galma Buttee ijaaruufi dhibaayyuu of keessatti hammata

### Deebii Gaaffilee Hubannoo 2

Warri Baallii fuudhan gama bahaatiin kan qubatan yoo ta'u, Baallii kan kennu gama dhihaan qubatu. Qophiin Baallii walitti dabarsuu yeroo raawwatu kanneen Baallii fudhatan kallattii bahaan gara mana isaanitti galu.

### Deebii Gaaffilee Hubannoo 3

Jilli Hulluuqqoo Fuloo Hooliyyee jila dhumaafi xumura Gooroo Gadaa tokkoof qophaa'udha.

### Deebii Gilgaalaa

1. Dhugaa
2. Bishaan itti naqu
3. D
4. D
5. "Nageenna nadabri!  
Hormaata nadabri!  
Jabeenna na dabri!  
Kaayoo nadabri!  
Suga nadabri!  
Lubbuu waliin bulla!" jedhee eebbisa.

## Boqonnaa 2: Buttaa Qaluu

### Wayitii 9

#### Kaayyoowwan

Dhuma boqonnaa kanaatti barataa/tuun:

- ☞ Maalummaa Buttaa Qaluu nihubata/ti;
- ☞ Fakkoommii Buttaa Qaluun qabu adda nibaafata/ti;

#### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba irratti, Buttaa Qaluun maal akka ta'e ibsi. Itti aansuun, gochaaleefi fakkoommiin Buttaa Qaluun qabu maal maal akka ta'an fakkeenya adda addaa fudhachuun ibsi. Sana booda, barattoonni waan ibsame irratti hundaa'uun waan hubatan akka walitti himan godhi. Haala kanaan, maalummaa Buttaa Qaluufi fakkoommii isaan qaban hubachuu isaanii adda baafachuun duub-deebii kenni.

Dabalataan, Buttaa Qaluufi fakkoommii inni qabu kan beekan yookiin maatii gaafachuun dareetti akka walitti himan taasisi. Dhuma irratti, gilgaala xumura boqonnaa irratti kenname dhuunfaan akka hojjechatan gochuufi battallee kennuun hubachuu isaanii mirkaneeffachuun duub-deebii kenni.

## Deebii Gaaffilee Hubannoo 1

1. Gadaan tokko aangoo fudhachuuf dursee Buttaa Qaluu qaba.  
Miseensotni Gadaa sanaas iddoo tokkotti jila kana qopheeffatu.  
Ayyaana Buttaa kan kabajan kan garee Gadaa hundaati.
2. Jillii Buttaa Qaluu ce'umsa Doorii gara Gadaatti gaggeeffamuuf qophaa'a.

## Deebii Gaaffilee Hubannoo 2

Sababni isaas, namni tokko umrii isaa keessatti buttaa qalee kabajachuuf miseensa Gadaa aangoo fudhatu sanaa ta'uu qaba. Akkana ta'uuf immoo, sadarkaalee ilmaa hanga abbaatti jiran kanneen Gadaa shanan marsan keessa darbuu qaba.

## Deebii Gilgaalaa

1. Dhugaa
2. A
3. C
4. Sirna Gadaa keessatti gareen aangoo dabarsuufi aangoo fudhatus karaa nagayaa, kabaja guddaafi gammachuu qabuun waliif dabarsuu isaafi kanneen biroo kaasuu danda'u.

## Boqonnaa 3: Faajjii Gadaa

### Wayitii 9

#### Kaayyoowwan

Dhuma boqonnaa kanaatti barataa/tuun:

- ☞ Maalummaa Faajjii Gadaa nihubata/ti;
- ☞ Faajjiin Gadaa hawaasa Oromoo biratti maal akka bakka bu'u addaan nibaafata/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba irratti, Faajjiin Gadaa maal akka ta'eefi baroota dheeraaf maaliif akka Oromoo biratti mallattoo Gadaa ta'ee asi gahe ibsi. Itti aansuun, Halluuwwan sadan Faajjiin Gadaa irra jiran maal akka agarsiisan fakkeenya adda addaa fudhachuun ibsi. Akkasumas, tartiibni haallu gubbaa irraa gara gaditti

*Gurraacha, diimaafi adiin* gubbaa irraa gara gadiitti tartiibaan taa'e falaasama, qaroomina, beekumsa xabboo/ganamaa, seenaafi eenyummaa Oromoo akka calqisiisu ifa taasisi. Sana booda, barattoonni ibsa kenname irratti hundaa'uun waan hubatan akka walitti himasn taasisi. Adeemsa kana keessatti, maalummaa Faajjii Gadaafi hawaasa Oromoo biratti maal akka bakka bu'u hubachuu isaanii adda baasuun duub-deebii kenni.

Dabalataan, Faajjiin Gadaa maal akka calqisiisu kan beekan yookiin maatii gaafachuun akka dareetti walitti himan taasisi. Dhuma irratti, gilgaala xumura boqonaa irratti kenname dhuunfaan akka hojjechatan gochuufi battallee kennuun hubachuu isaanii mirkaneeffachuun duub-deebii kenni.

### Deebii Gaaffilee Hubannoo

1. Faajjii Gadaa falaasama, qaroomina, beekumsa xabboo/ganamaa, seenaa, aadaafi siyaasa Oromoo calqisiisa.
2. Bifti Faajjii Gadaa tartiiba halluu gubbaa irra gara gaditti *gurraacha*, *diimaafi adiidha*

### Deebii Gilgaalaa

1. Gurraacha, Diimaafi Adii
2. Dhugaa
3. D
4. A
5. B



## Boqonnaa 4: Abbaa Gadaa

### Wayitii 9

#### Kaayyoowwan

Dhuma boqonnaa kanaatti barataa/tuun:

- ☞ Eenyummaa Abbaa Gadaa nihubata/ti;
- ☞ Ulaagaalee Abbaan Gadaa ittiin filatamu adda nibaafata/ti;

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba irratti, Abbaan Gadaa nama eenyummaa akkamii akka ta'ee ibsi. Itti aansuun, qajeeltoofi ulaagaaleen filannoo Abbaa Gadaa maal fa'a akka ta'an ibsi. Sana booda, barattoonni ibsa kenname irratti hundaa'uun eenyummaa Abbaa Gaddaafi ulgaalee filannoo waan hubatan akka walitti himan taasisi. Adeemsa kanaan, eenyummaafi qajeeltoowwan filannoo Abbaa Gadaa hubachuu isaanii hordofuun duub-deebii kenni.

Dabalataan, eenyummaa Abbaa Gadaa kan beekan yookiin maatii gaafachuun dareetti akka walitti himan godhi. Dhuma irratti, gilgaala xumura boqonnaa irratti kenname dhuunfaan akka hojjechatan gochuufi battallee kennuun hubachuu isaanii mirkaneeffachuun duub-deebii kenni.

### Deebii Gaaffilee Hubannoo 1

1. Ulaagaaleen filannoo Abbaa Gadaa, ciminoota dhuunfaa, ga'umsaafi beekkumsa, seenduubee gaarii qabaachuu, aantummaa, amanamummaafi sadarkaalee Gadaa keessa dabruun fa'adha.
2. Abbaa Gadaa ta'u waggoota saddeetiif hoogganaa ol'aanaafi mataa biyyaa ta'ee ummata waan bulchuufidha.

### Deebii Gaaffilee Hubannoo 2

1. Gahumsiifi beekumsa, aadaafi duudhaa hawaasa Oromoofi saboota olla waliin inni qabu jechuudha. Akkasumas, haala dubbiin itti dubbatamu beekuun, dandeettii duubbatee hawaasa amansiisuu danda'uu jechuudha.
2. Gochoota ceeraafi fokkoo ta'an kanneen akka hanna, soba, loogiifi kanneen biroo irraa bilisa ta'uu qaba.

### Deebii Gilgaalaa

1. Dhugaa
2. Soba
3. Dhugaa
4. A
5. D
6. A
7. Dabballee hanga Doorii
8. Hanna, soba, loogiifi kanneen kana fakkaatanidha

## Boqonnaa 5: Gaheefi Itti-gaafatamummaa Abbaa Gadaa

### Wayitii 9

#### Kaayyoo

Dhuma boqonnaa kanaatti barataa/tuun:

- ☞ Gaheefi itti-gaafatamummaa Abbaan Gadaa nibarata/ti; addaan nibaafata/ti .

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba irratti, Sirna Gadaa keessatti gaheefi itti-gaafatamummaa Abbaa Gadaa keessaa jajjaboon walddhabdeewwan gurdudoo hiikuun nagaa biyyaa tiksuu, seera hojii irra oolchuu, qabeenya uumamaa bulchuufi kanneen kana fakkaatan ta'u isaa ibsi. Akkasumas, itti-gaafatamummaan Abbaa Gadaa Gumii waggaa saddeet sadeetiin taa'uu, seera haaraa baasuu, seera dura ture fooyyeessuu, seera tumame labsuu fi'i akka ta'an ifa godhi.

Dabalataan, Abbaan Gadaa seera labsamuuf deemu irratti namni kamiyyuu akka yaada kennatu carraa kennuu isaa ifa godhi. Sana booda, barattoonni gaheefi itti gaafatummaa Abbaa Gadaa hubachuu isaanii Gaaffilee Hubannoo hojjechiisuun duub-deebii kenni. Gaheefi itti gaafatummaa Abbaa Gadaa kanneen kitaaba barattaa irra hinjirre garuu naannoo isaanitti beekamaa yoo jiraate dareetti akkaa dhiyeessan taasisi.

Dhuma irratti, gilgaala boqonnaa kana jalatti kenname dhuunfaan akka hojjatan gochuun battallee kennuun hubachuu isaanii mirkaneeffachuun duub-deebii kenni.

### Deebii Gaaffilee Hubannoo 1

1. Abbaa Gadaa
2. Gaheefi itti-gaafatamummaan Abbaa Gadaa adeemsota seera wixinuu, labsuufi hojii irra oolchuu hordofuu; nagaya biyyaa tiksuu, qabeenya uumamaa bulchuufi jiloota adda addaa raawwachuudha.

### Deebii Gaaffilee Hubannoo 2

1. Gadaa keessatti Seeri haaraa hawaasni irratti waliigale tumamee ummataatti beeksisuu jechuun Seera lallabuu jechuudha.
2. Gadaa keessatti waggaa sadeet saddeetiin akka barbaachisummaa isaatti seerri haaraa nitumama. Innis, rakkoo siyaas-dinagdeefi hawaasummaa ittiin hiikuufidha

### Deebii Gaaffilee Hubannoo 3

Qabeenyoota uumamaa kanneen akka lafa, bishaaniifi bosonaati.

### Deebii Gilgaalaa

1. Dhugaa
2. Dhugaa
3. C
4. D
5. D

6. Hayyuu
7. Waldhabdee hiikuu, nageenya eeguu, seera hojii irra oolchuufi  
qabeenyaa uumamaa bulchuu
8. Gumaa
9. Bulchiinsa Gadaa keessatti dhimma biyyaa hundaa irratti aangoofi itti  
gaafatamummaa waan qabuuf
10. Aangoo irraa kaafama

.

## Boqonnaa 6: Gumaata Gadaa

### Wayitii 9

#### Kaayyoo

Dhuma Boqonnaa kanaatti barataa/tuun:

- ☛ Gumaata Abbaa Gadaafi Adulootaaf/Torbiif taasifamu nihubata/ti; adda nibaafata/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba irratti, *Gumaata Gadaa* jechuun maal akka ta'e ibsi. Itti aansuun, *Gumaatni Gadaaf* kennamu maal maal fa'a akka ta'aniifi adeemsota akkamiitiin akka guuraman yookiin funaanaman fakkeenya fudhachuun ibsi. Kunis, *gumaatni Gadaaf* kennamu, *gumaata dhaabbataafi* kan yeroo jilaa ta'uu isaafi eenyu fa'a irraa akka funaanamu ifa taasisi. Sana booda, barattoonni ibsa kenname irratti hundaa'uun waan hubatan akka walitti himan taasisi. Adeemsa kana keessatti, *Gumaata adda addaa Abbootii Gadaaf* taasifamu hubachuu isaanii bifa gaaffiifi deebiin hordofuun duub-deebii kenni.

Dabalataan, *Gumaata Abbootii Gadaafi Adulootaaf/Torbiif* taasifamu kan beekan yookiin maatii gaafatanii dareetti akka walitti himan godhi. Dhuma irratti, gilgaala boqonnaa kana jalatti kenname dhuunfaan akka hojjatan gochuun battallee kennuun hubachuu isaanii mirkaneeffachuun duub-deebii kenni.

### Deebii Gaaffilee Hubannoo 1

1. Gumaanni Gadaa dhimmoota adda addaa Abbaan Gadaa bulchiinsa isaa keessatti raawwatuuf oola. Fakkeenyaaf, Abbaan Gadaa yeroo bakka adda addaa deemuun dhimmoota hawaasaa hiikuu Gumaata kennamuun socho'a.
2. Gumaata Kaattoo irratti gostii Abbaa Gadaa, Adulootaafi Hayyootaa gosa isaanii keessaa filatamanii irratti hirmaata. Gumaachi haala kanaan kennamus "Kaattoo gosaa" jedhamee beekama.

### Deebii Gaaffilee Hubannoo 2

1. Gaheen gosaafi miiloon walgahii geeggessuun eenyu gumaacha akkamii gochuu akka danda'u murteessu.
2. Gumaachi Gadaa keessummoota jila irratti argaman ittiin affeeruufi Abbaan Gadaa hojii bulchiinsa ummataa haqummaan akka raawwatuuf oola.

### Deebii Gilgaalaa

1. Dhugaa
2. Soba
3. D
4. D
5. Gumaata annaniifi mijuu, gumaata horii, gumaata daraaraa, humnaafi kanneen kana fakkaatan.
6. Gumaata gosti Abbaa Gadaa, Adulootaafi Hayyoota gosa isaanii keessaa filatamanii yaa'a ta'aniif kennaniidha.
7. Abbootii Gadaa, Adulootaafi namoota jila irratti hundaa'aniif kennama.

## Boqonnaa 7: Gahee Dubartootaa

### Wayitii 10

#### Kaayyoo

Dhuma boqonnaa kanaatti barataa/tuun:

- ☞ Bulchiinsa Sirna Gadaa keessatti gahee adda addaa dubartoonni qaban nihubata/ti; addaan nibaafata/ti

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba irratti, Sirna Gadaa keessatti dubartoonni akkamitti akka ilaallaman ibsi. Itti aansuun, Gaheen dubartoonni Sirna Gadaa keessatti qaban maal fa'a akka ta'e fakkeenya adda addaa fudhachuun ibsi. Dabalataan, barattoonni ibsa kenname irratti hundaa'anii waan hubatan akka walitti himan taasisi. Akkasumas, gahee dubartoonni qaban kan baratan waliin walcina qabani ilaaluun akka walitti himan taasisi. Sana booda, gilgaala dhuunfaan akka hojjatan gochuun battallee kennuun gahee adda addaa dubartoonni Gadaa keessatti qaban hubachuu isaanii hordofuun duub-deebii kenni.

Dhuma irratti, gilgaala xumura boqonnaa irratti kenname dhuunfaan akka hojjechatan gochuufi battallee kennuun hubachuu isaanii mirkaneeffachuun duub-deebii kenni.



## Deebii Gaaffii Hubannoo 1


Sirna Gadaa keessatti dubartoonni hirmaannaafi qooda ol'aanaa qabu. Yeroo abbaan manaa Gadaa ga'u dhangaafi meeshaalee jilaaf barbaachisan qopheessuun Gadaa sana guutuu taasisuun hofkalchu.

## Deebii Gaaffii Hubannoo 2

Gadaa keessatti gaafa Abbaan Gadaa baallii fudhatu haadha manaa isaatu Ruufa mataatti maraafi. Kunis, dubartoonni sirna baallii fudhannaa keessatti gahee guddaa qabaachuu kan ibsu agarsiisuudha.

## Deebii Gilgaalaa

1. Dhugaa
2. Dhugaa
3. D
4. D
5. Bu'uura maatii ta'uun tajaajiluu, dhalanii kunuunsuufi guddisuun dhaloota itti fufsiisuufi kan kanneen biroos eeruu danda'u.
6. Seerri haaraan yoo bahe akka dubartoota hinmiine hordofuu, jila Sirna Gadaa bobba'uufi bakka Abbaan Gadaa deemutti waliin deemuun murtee sirrii fudhachuu keessatti akka rakkoon hinumamneef qajeelchuufi gorsuu.



## Boqonnaa 8: Federeeshinii Bulchiinsa Gadaa I

### Wayitii 10

#### Kaayyoo

Dhuma boqonnaa kanaatti barataa/tuun:

- ☞ Federeeshinii Bulchiinsa Gadaa nihubata/ti; adda baafata/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba irratti, federeeshinii Bulchiinsa Gadaa jechuun maal akka ta'e ibsi. Itti aansuun, federeeshinoota Bulchiinsa Gadaa Maccaa-Tuulamaa, Sabboo-Goonaa, Kontomaa-Daarimuufi Jibloo-Loosaa fakkeenya adda addaa fudhachuun ibsi. Kunis, federeeshinootni Bulchiinsa Gadaa kunneen wiirtuu mataa isaanii qabaachuufi Madda Walaabuu waliin walitti dhufeenya akkamii qabaachaa akka turan ifa taasisi.

Sana booda, barattoonni ibsa kenname irratti hundaa'uun waan hubatan akka walitti himan godhi. Dabalataan, Federeeshinii Gadaa Federaalizimii ammayyaa waliin walcinaa qabuun waan hubatan akka walitti himan taasisi. Adeemsa kana keessatti, Federeeshinii Bulchiinsa Gadaa hubachuu isaanii bifa afgaaffiin hordofuun duub-deebii kenni.

Dhuma irratti, gilgala boqonnaa kana jalatti kenname dhuunfaan akka hojjatan gochuun battallee kennuun hubachuu isaanii mirkaneeffachuun duub-deebii kenni.

## Deebii Gaaffii Hubannoo 1

1. Oromoon Damee Booranaafi Baarentuu bulchiinsa gadaa tokkoon gaggeeffamaa turanii suuta suuta jaarraa 16<sup>ffaa</sup> booda qubsuma bakka adda addaatti ademiisuun babal'achuu danda'anii jiru. Haala kanaan, dameen lamaan qubannaa yeroo dheeraa booda wiirtuu mataa ofii hundeeffatan. Haaluma kanaan, wiirtuu giddugaleessaa waliin walitti dhufeenya qabaachaa federeeshini mataa isaaniitiin buluu danda'anii jiru.
2. Booranatti hundeeffaman

## Deebii Gilgaalaa

1. Dhugaa
2. D
3. D
4. D
5. A
6. B
7. Maccaa-Tuulama, Raayyaa-Assaboo, Sabboo-Goona, Kontomaa-Daarimuufi Jibloo-Loosa (Gabra) fa'idha.
8. Federeeshinoonni bulchiinsa Gadaa akka uumamuuf sababa inni guddaa Oromoon bakka adda addaatti qubannaa taasisuun wiirtuulee haaraa hundeeffachuudha.

## Boqonnaa 9: Federeeshinii Bulchiinsa Gadaa II

### Wayitii 10

#### Kaayyoo

Dhuma boqonnaa kanaatti barataa/tuun:

☞ Federeeshinii Bulchiinsa Gadaa nihubata/ti; adda baafata/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba irratti, federeeshinii Bulchiinsa Gadaa damee Booranaa jalatti argaman eenyu fa'i akka ta'an yaadachiisi. Itti aansuun, damee Barentumaa jalatti kan hammataman federeeshinoota Bulchiinsa Gadaa Sikkoo-Mandoo, Shana Walloo, Igguu-Beerre, Ituu-Humbannaafi Afran Qaloo fakkeenya adda addaa fudhachuun ibsi. Kunis, Federeeshinootni Bulchiinsa Gadaa kunneen jalqaba Caffee giddu galeessaa Madda Walaabuu jalatti bulaa turuufi boodaa wiirtuu mataa isaanii hundeeffachuun Sirna Gadatiin buluu isaanii ibsi.

Sana booda, barattoonni ibsa kenname irratti hundaa'uun waan hubatan akka walitti himan godhi. Dabalataan, Federeeshinii Gadaa Federaalizimii ammayyaa waliin walcinaa qabuun waan hubatan akka walitti himan taasisi. Adeemsa kana keessatti, Federeeshinii Bulchiinsa Gadaa hubachuu isaanii bifa afgaaffiin hordofuun duub-deebii kenni.

Dhuma irratti, gilgaala boqonnaa kana jalatti kenname dhuunfaan akka hojjatan gochuun battallee kennuun hubachuu isaanii mirkaneeffachuun duub-deebii kenni.

### Deebii Gaaffii Hubannoo 1

1. Dameen Booranaafi Baarentuu bulchiinsa gadaa tokkoon gaggeeffamaa turanii suuta suuta jaarraa 16<sup>ffaa</sup> booda qubsuma bakka adda addaatti adamsiisuun babal'achuu danda'anii jiru. Qubannaa yeroo dheeraa booda immoo, wiirtuu mataa isaanii hundeeffachuun Federeeshinii Bulchiinsa gadaatiin buluu jalqaban.
2. Wirtuuleen Caffee Gadaa jaarraa 16<sup>ffaa</sup> booda bakka adda addaatti hundeeffaman waggaa saddeet saddeetiin muuda Madda Walaabuu dhaqu tura. Haaluma kanaan, Federeeshinootni hundinuu murteewwan wiirtuu giddu galeessarraa dabru fudhachuun bulchiinsa mataa isaanii gaggeeffataa turan. Kun immoo, duudhaa, Seeraafi Heera walfakkaatuun akka hogganaman isaan taasisee jira.
3. Federeeshinootni hundinuu bulchiinsa mataa isaanii akka qabaatan taasisuun bakkuma jiraniitti siyaasaafi diinagdee isaanii akka guddifatan taasisee jira.

### Deebii Gilgaalaa

1. Bahaa Oromiyaafi akkasumas bakka adda addaa Kaabaafi gidduu Oromiyaa keessatti argamu.
2. Odaa Bultum, Bakkanniisa Raayyaa, Odaa Garadoo

3. Dhugaa, 4.D 5.A.

6. Wiirtuuleen Gadaa bakka adda addaatti hundeeffaman sababa jila muudaa waggaa saddeet saddeetiin Madda Waalaabuutti gaggaaffamuun Heeraafi Seera walfakkaatu qabaachuu danda'anii jiru.

## Boqonnaa 10: Yaa'a Gadaa

### Wayitii 10

#### Kaayyoowwan

Dhuma boqonnaa kanaatti barataa/tuun:

- ☞ Maalummaa Yaa'a Gadaa nihubata/ti;
- ☞ Gahee yaa'a Gadaa adda nibaafata/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba irratti, fakkii kitaaba barataa irratti dhiyaate fayyadamuun Yaa'i Gadaa maal akka ta'e ibsi. Itti aansuun, gaheen yaa'a Gadaa maal maal fa'a akka ta'an fakkeenya adda addaa fudhachuun ibsi. Sana booda, barattoonni ibsa kenname irratti hundaa'uun waan hubatan akka walitti himan taasisi. Adeemsa kanaan, maalummaafi gahee yaa'a Gadaa hubachuu isaanii hordofuun duub-deebii kenni.

Dabalataan, Yaa'a Gadaa kan beekan yookiin maatii gaafachuun dareetti akka walitti himan godhi. Dhuma irratti, gilgala xumura boqonnaa irratti kenname dhuunfaan akka hojjechatan gochuun battallee kennuun hubachuu isaanii mirkaneeffachuun duub-deebii kenni.



### Deebii Gaaffii Hubannoo 1

1. Abbaa Gadaa, Aduloota jahan, hayyoota, makkalaafi Abbaa Bokkuuti.
2. Yaa'aa Arbooraa, Yaa'a Hawaxxuufi Yaa'a Koonnituu

### Deebii Gaaffii Hubannoo 2

Gaheen Yaa'aa yeroo waraanaafi galtee mari'achuun ajaja dabarsuu, murtee/adabbii dhimma qabeenyaa mirkaneessuu, nagaa biyyaa eeguufi mirkaneessuu, rakkoolee hinfuramiif furmaata kennuufi diinagdee biyyaa qajeelchuufi gumii hogganuudha.

### Deebii Gaaffii Hubannoo 3

1. Abbaa Gadaa
2. Gumii
3. Abbaa Gadaa

### Deebii Gilgaalaa

1. Dhugaa
2. Dhugaa
3. B
4. C
5. D
6. Gumii
7. Yeroo waraanaafi galtee mari'achuudhaan ajaja dabarsu
  - ☞ Murtee yookiin adabbii dhimma qabeenyaa mirkaneessuu
  - ☞ Nagaya biyyaa eeguufi mirkaneessuu
  - ☞ Rakkoolee hinfuramiif furmaata xumuraa kennuu

- ☞ Diinagdee biyyaa qajeelchuu
- ☞ Gumii hogganuudha.

## 8. Abbaa Gadaa

## Boqonnaa 11: Ardaalee Jilaa

### Wayitii 10

#### Kaayyoo

Dhuma boqonnaa kanaatti barataa/tuun:

- ☞ Maalummaafi kunuunsa Ardaa Jilaa adda nibaafata/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba irratti, ardaaleen jilaa iddoowwan akkamii akka ta'aniifi maaliif akka oolan ibsi. Itti aansuun, ardaalee jilaa kitaaba barataa irratti dhiyaatan fakkeenya adda addaa fudhachuun faayidaa maalii akka qabaniifi kunuunsa godhamuufi qabu ifa taasisi. Sana booda, barattoonni ibsa kenname irratti hundaa'uun waan hubatan akka walitti himan taasisi. Adeemsa kanaan, maalummaafi kunuunsa Ardaalee jilaatiif godhamuu qabu hubachuu isaanii hordofuun duub-deebii kenni.

Dabalataan, Ardaalee Jilaa kan beekan ykn maatii gaafachuun dareetti akka walitti himan godhi. Dhuma irratti, gilgala xumura boqonnaa irratti kenname dhuunfaan akka hojjetan gochuun battallee kennuun hubachuu isaanii mirkaneeffachuun duub-deebii kenni.

## Deebii Gaaffii Hubannoo

Iddoo yaa'i Gadaa itti walga'uun mari'atu, bakka abbootiin Gadaa seera itti fooyyessaniifi seera tumamei itti lallaban, iddoo jiloonni akka Irreechaa/dhibaayyuu itti kabajaman waan ta'eef ulfoo jedhama.

## Deebii Gilgaalaa

1. Dhugaa
2. E
3. Hora Finfinneefi Hora Harsadii
4. Ardaalee jilaa jiran adda baasuu; daangessuufi beekamtii seeraa akka argatan taasisuufi eegumsa gochuufidha
5. Hambaaleen aadaafi seenaa dhaloota irraa gara dhalootatti akka dabran gochuu; madda galiifi giddu gala qo'annoofi qorannoo ta'uu danda'u
6. Ardalee jilaa naannoo isaanitti beekaman akka dareetti waliif dhiyeessan taasisi.

## Boqonnaa 12: Gadaafi Daa'imman

### Wayitii 10

#### Kaayyoo

Dhuma boqonnaa kanaatti barataa/tuun:

- ☞ Karaalee adda addaa Gadaan mirga daa'immanii ittiin eegu nihubata/ti; adda nibaafata/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba irratti, seerri daa'immanii maal akka ta'e ibsi. Itti aansuun, karaalee Gadaan mirga daa'immanii ittiin eegu maal maal akka ta'an ibsi. Kunis, mararafachuu, dhaanuu dhabuu, kunuunsa gochuu, handhuuraa kennuufi kanneen biroo akka ta'e fakkeenya adda addaa fudhachuun ifa taasisi. Sana booda, barattoonni ibsa kenname irratti hundaa'uun waan hubatan akka walitti himan taasisi. Adeemsa kana keessatti, xiyyeeffannoofi karaalee Gadaan mirga daa'immanii ittiin eegu hubachuu hordofuun duub-deebii kenni.

Dabalataan, mirga daa'immanii kan beekan yookiin maatii gaafatanii dareetti akka walitti himan godhi. Dhuma irratti, gilgaala boqonnaa kana jalatti kenname dhuunfaan akka hojjatan gochuun battallee kennuun hubachuu isaanii mirkaneeffachuun duub-deebii kenni.

### Deebii Gaaffilee Hubannoo 1

1. Ijoolleen yookiin daa'iimman nama kamiyyuu biratti dhimma kamiyyuu caalaa xiyyeeffannoo waan qabaniifi.
2. Daa'iimman waan Rabbi/Waaqni namaa kenne malee waan ofii godhatan waan hintaaneefi.
3. Daa'iimman guddatanii qaccee dhaloota isaanii akka itti fufsiisaniif eebbisu.

### Deebii Gaaffilee Hubannoo 2

1. Sababni isaa, daa'imman yoo dhaanan yookiin itti dheekkaman nirifatti jedhamee waan amanamuufidha.
2. Nyaata guddina qaamaafi sammuuf gargaaran nyaachisuu, bayaa gala isaanii hordofuu, qulqullina isaanii eeguu, akka hindaarre taaasisuufi kanneen kana fakkaataniidha.

### Deebii Gilgaalaa

1. Dhugaa
2. Dhugaa
3. Dhugaa
4. D
5. Handhuuraa
6. Maatii

7. Aannan
8. Mararfachuu, dhaanuufi miidhuu dhiisuu, kunuunsa gaarii taasisuu, jiloota adda addaa daa'immaniif qopheessuu, handhuuraa kennuu
9. Taaboreen ayyaana daa'imman dhiiraa gara dhuma waqtii gannaa kabajataniidha. Gaafa ayyaana kanaa maatiin daa'imman bilisummaadhaan akka sochootuufi burraaqaa ooltu haala mijeessa.
10. Handhuuraan kennaa maatiin daa'immaniif gaafa dhalattee kaasee yeroofi haala adda addaa keessatti kennuufiidha.